Talaalliin lubbuu baraara

Talaallii KOVIID-19

Erga talaallii fudhatte booda maal eegu qabda?

Gurraandhala 2021 - Oromo

GIG CYMRU NHS WALES

DIOGELU CYMRU
KEEP WALES SAFE

Talaalliin KOVIID-19 ati fudhatte talaallii duraa kan dhaabbata walabaa abbaa taayitaa Qorricha fi meshaalee fayyaa 'Medicines and Healthcare products regulatory agency (MHRA)' biyyatiitin bu'a qabeessummaan fi naggeenyi (safety) isaa mirkanaa'e siif keenname. Talaalliin hundi namoota kumaatama biyyoota adda addaa irrattii kan yaalaman yoo ta'u nageenyi fi milkaa'ini isaani kan mirkanaa'edha.

Talaalliin midhaa (side effects) qabaa?

Akkuma qorricha kamu, talaalliinis midhaa qabbaachu danda'a. Midhaan baay'een laafaa fi yeroo gabaabaaf dha, namni hundi midhaan irra hin gahu.

Erga talaallii yeroo duraa (first dose) fudhatte booda mallattooleen sitti muldhatanis irra deebin yeroo lamaffaa (second dose) fudhachu qabda.

Midhaa beekaman kan dabalatan:

- laafu fi lafaa ka'u dadhabu, irree/harka talaalliif limmoon waraane gubbaa guyyaa hedduuf laafuu (tenderness)
- miira dadhabu
- mataa dhukkubu (bowwaa)
- mallattoo qufaa fakkaatu, fi waligalaan haadochu (aches)

Keessattu irreen(harki) kee yoo si dhukkube, waan ulfaatu lafaa kaasuf si rakkiisu danda'a. Yoo fayyaa dhabde ykn baay'ee dadhabde maashini ykn konkolaataa oofu dhaabde boqonnaa fudhadhu.

Midhamni hin baramne dhita'u xannachaa (local galands) dha.

Ho'i qaamaa xiqqaa guyyoota lamaa fi sadiif sitti muldhachu mala, ho'a olka'aa qaamaa garuu kan barame miti, KOVIID-19 ykn dhukkuba biraa qabbaachu dandeessa.

Mallattooleen gurguddaa KOVIID-19 reefu kan jalqaban kan armaan gadiiti:

- qufaa haaraa addaan hin ciinne
- ho'a olka'aa qaamaa
- miira funfachu fi dhandhama dhabu ykn jijjiramu
- namoonni tokko tokko qonqoo goggoggaa, mataa haadochu (bowwaa), funyaan cuqqaalamu, garaa kaasaa fi haqqiisu isaan mudata.

Mallattoolee armaan oli keessaa kamuu yoo si mudate, mana haafiti qoratamuf mijeessi. Mallattoolee ilaalchise yoo odeefannoo barbaadde: **111.wales.nhs.uk.**

Talaallii erga fudhatte booda yoo midhaan sirra gahe,qorricha paracetamol haga barame (normal dose) (gorsa waraqaa ittiin haguugame gubbaa ilaali) fudhadhuti boqqodhu akka sitti wayyaawu. Hanga hayyamame olitti hin fudhatiin. Odeefannoo waa'ee talaallii KOVIID-19 tokkon tokkon, qabiyyee dabalate beekudhaaf: **https://coronavirus-yellowcard.mhra.gov.uk/productinformation**

Namoonni lakkoofsi baay'e xiqqoo ta'an erga talaallii fudhatani booda oggasuma qaamni isaani tufu (allergy) danda'a. Kunis dhiitinsa fi hoqqiisu bakka muraasa qaama gubbaa ta'u danda'a. Namoonni daran lakkoofsi xiqqoo ta'an ammoo erga talaallii fudhatani booda qaamni isaani rakkoo haamaa agarsiisu danda'a, kanaanis rakkoo hargansutu isaan mudata, kufus danda'u. Kunis anaphylaxis jedhama, sababa qorricha fi nyaata bironis ni uumama. Deebiin qaamaa (reaction) akkasi baay'ee kan hin baramne yoo ta'u Narsoonni leenji gahaa fudhatan ni yaalu. Namoonni deebii qaamaa anaphylactic qaban yaala gahaa argachu danda'u, yeroo baay'ee sa'aa muraasa keessatti dandamatu.

Talaallii booda mallattooleen torban tokko gadiif turu. Mallattooleen yoo sitti haammaatan fi yoo yaaddoofte, 111.wales.nhs.uk marsariiti gubbaa ilaali, yoo barbaachises NHS 111 Wales-siif lakkoofsa 111 gubbaatti ykn GP keef bilbili. Yoo 111 naannoo keetti hin argamne ta'e, 0845 46 47 irratti bilbili. Bilbilli NHS 111 Wales iratti godhamu bilbila harkaa fi manaarraa tola dha. Bilbilli 0845 46 47 irratti godhamu daqiiqaa tokkotti saantima 2 (2p), kaffaltii tajaajilaa itti dabale, kaffalichisa.

Yoo gorsa Narsii ykn Dooktoora keerraa barbaadda ta'e, waa'ee talaallii kee itti himu hin dagatiin (yoo danda'ame kaardii talaallii kee itti muldhisi) akka sirrittii waa'ee kee beekan.

Midhama (side effect) qorrichaa fi talaallii shakkitu yoo jiraate karaa sagantaa 'Yellow Card' jedhamutti gabaasii

Itti aanse maal godhu?

Beellama kee lamaffaaf karoorsi. Kaardi beellama kee lamaffaa kan irratti barraa'e harkatti qabda. Talaallii yeroo lama fudhachun dhukkuba sirraa ittiisuf baay'ee murteessaadha. Kaardii qabattee beellama kee itti anutti deemu hin dagatiin.

Guyyaa beellama itti anutti yoo na dhukkube maal gochun qaba?

Ho'i qaama kee yoo olka'aa ta'e fi baay'ee si dhukkube, talaallii argachuf hanga wayyooftu eegun siif wayya, bilbilite beellama jijjirte guyyaa gabaabaatti fudhadhu. Yoo of adda baaste ykn deebii qorannoo KOVIID-19 eegaa jirta ta'e, beellama talaalliitti hin deemiin, guyyaa isaa jijjiri.

Talaalliin na baraaru danda'aa?

Talaalliin carraa vaayrasichi gara dhukkuba haamaatti jijjirame si midhu hir'iisa. Qaamni kee talaallii kanaaf ittiisa ijaaruf torban muraasa fudhachu danda'a.

Akkuma qorricha kamu talaalliin kamu %100 bu'aa qabeessa ta'u hin danda'u, kanaaf ofii kee fi namoota naannoo kee jiran baraaruf qajeelfama keennamaa jiran, kan akka waliirraa fagaatu, harka dhiiqqachu fi fula haagugu, hordofu itti fufi. Namoonni tokko tokko erga talaallii fudhatan boodas KOVIID-19tiin qabamu danda'u, garuu haamaa irrattii hin ta'u.

KOVIID-19 nama biraatti dabarsun danda'aa erga talaallii fudhadhe booda?

Talaalliirraa KOVIID-19 sitti darbu hin danda'u. Talaalliin carraa dhukkubni sitti haammaatu hir'iisa. Talaaalliin yoo vaayrasiicha sirraa dhowwu danda'e ykn akka nama biraatti hin dabarsiin si godhe hin beeknu. Kanaaf qajeelfama naannoo kee jiru hordofu itti fufu fi namoota si ciinaa jiran baraarun ammas murteessaadha. Odeefannoon asitti argama: **gov.wales/coronavirus.**

Qajeelfamoota Sadii FAYYAA WALES EGUF

Haarka dhiqqadhu

Fula haaguggadhu



2m waliirraa **faggaadhu**

Odeefannoo dabalataa

Odeefannoo waa'ee talaallii KOVIID-19, maalummaa fi hammeenya (side effect) yoo qabaate:
https://111.wales.nhs.uk/coronavirus(2019ncov) fi
www.gov.uk/government/collections/mhra-guidance-on-coronavirus-covid-19

Talaallii fudhatte yoo midhaan sirra gahe asitti gabaasi:
https://coronavirus-yellowcard.mhra.gov.uk/
ykn app Yellow Card jedhamu busuudhaan.

Odeefannoo waa'ee kee NHS akkamitti akka itti fayyadamu baruf:
111.wales.nhs.uk/lifestylewellbeing/yourinfoyourrights

Waraqaa (leaflet) kana baay'iinaan oo barbaadde:
phw.nhs.wales/services-and-teams/health- information-resources/

Akaaku biro barreefama (leaflet) kanaaf, dubbiisa salphaa, maxxansa baldhaa, sur-sagalee afaan mallattoo British, 'Recite Me' argachudhaaf fi afaanota birof:

phw.nhs.wales/covid-19-vaccination

© Public Health Wales, Gurraandhala 2021
(Beekkamti galata Public Health England-tiif)

Unka 1ffaa
ISBN 978-1-78986-154-258

GIG CYMRU NHS WALES

DIOGELU CYMRU
KEEP WALES SAFE